


SEENAA ABUUBAKAR MUUSSAATII Fii

GUMAATA GUDDINA AFAANII FII AADAA OROMOO TIIF LAATE✍

Abbaa Urjii tiin:

Dandeeytii kennaa uumaa fii beekkomsa barataniin gargaaramuun saba isaanii tiif waan hojjataniin, ykn-is laalaa fii rakkina saba isaanii hiikuuf tattaafata godhanii fii wareegama baasaniin, seenaa saba isaanii keessatti boqannaa miidhagaa namoonni qaban, qooda gumaachaniin wal caalanillee, yaroo fii naannoo mara keessatti hin dhabaman. Garuu, waan hunda biratti dinqifamaa tahe hojjaachuun, hawaasa keessatti jijjima guddaa fidaniin akka Urjii Bakkalchaatti hiriyoota isaanii caalaa ifanii mul'atan, ammoo, yaroo fii saboota hunda keessatti jibiri.

Jarri waan hojjataniin, waan bu'uraniin yokaan xurree baasaniin, hawaasa keessatti jijjiirama addaa fidan kuni, eenyummaan isaanii bara-rraa baratti hanga'a. Eega isaan adunyaa-rraa deemani-llee, bakka isaan hin-jirretti, hujii fii habaqaalli dhaaban hidda godhatee, lalisaa deema. Hayyummaa fii jeeynummaan isaanii kabajaa fii jaalala dheerinni yaroo hin irraanfachiifneen yaadatama. Maqaa fii yaadannoon isaanii tiis dhalootarraa dhalootatti tarkaanfata.

Warri haala olii kanatti zalaalam dinqifaman kuni, akkuma kan sabootaa biraatti kan Oromoo keessattiis qaalii dha. Haala kanaan, afaanii fii aadaa Oromoo kan diinni dhabamsiisuuf ijibbaataa ture dandeeytii fii murannoon dura dhaabbachuun, afaan Oromoo afaan boonsaa akka barbaachisutti ittiin gargaaramuun dandayamu tahuu hujiin agarsiisuun, aadaa fii afaan Oromoo tiif bu'ura hin diigamne dhaabuun seenaa qabsoo guddina aadaa fii afaan Oromoo keessatti namni maqaan isaa qalama dahabaa tiin barreeyfamu Abuubakar Muussaa ti. Abuubakar abbaa isaa Muussaa Wadaayii fii haadha isaa Faxumaa Haaji Alii irraa, baha Oromiyaa, godinaa Afran Qalloo, aanaa Oborraa, ona Dadar, araddaa Leelee Gabaa-tti, toora bara 1942 keessatti nama dhalate.

Abuubakar, akkuma kaa'imoota hedduu yaroo saniitti, akka if bareen barnoota amantii tiif hawaasa keeysa sosoohuu jalqabe. Yaroo tana, barnooticha biratti, aadaa fii hooda, heeraa fii seera manguddoon itti hojjatanii fii hawaasaan gaggeeysan qoratee if barsiisuun hawadame. Haala kanaa fiis afaanii fii seenaa biratti, mammaaksa, sheekkoo, geereersa, mirriiysaa, hibboo fii kkf qoma if guute. Isaa akkasiin waan dhagaye sammutti galmeeffachaa jiru, toora bara 1959 magaalaa Dirree Dhawaa seene.

Gaafni Abuubakar Dirree Dhawaa itti seene, gaafa seedanni jimaa karaa biyya alaa (Jabuutii fii Yaman) erguu haalaan oowwaa ture. Akki san, odoo hin turin, Abuubakar hujii barreeysummaa fii tooyannaa seedata ergiinsa jimaarratti mindeeyse. Gara biraa tiin, Magaalaa Dirree Dhawaa keessa jiraachuun, afaan Arabaa kan barnoota ittiin jalqabe caalaa cimsachuuf, barruulee fii kitaabban afaan kanaan barreeffaman baayyinaan arktee dubbisuun, beekkomsa isaa guddisuuf haala mijjaawaa uumeef. Kana malees, afaan Soomaalee tii fii Amaaraa akka baratu godhe. Kuni, qooda guddina afaan Oromoo tiif laaterratti hedduu isa gargaare. Abuubakar, beekkomsa iaaa hujiin agarsiisuu fii guddina afaan Oromoo tiif qooda gumaachuuf karaan kan banameef, hundaawuu Hawwisoo Afran Qalloo tii ni.

Sossoohinsa galiin fiixa baate hunda duuba kan qoonni isaa murteessaa tu arkama. Abuubakar, nama seenaan sossoohinsa Afran Qalloo maqaa isaa tiin malee hin kaafamne. Abuubakarii fii waaheloonni Iama, Usmaa'il Muummadii fii Alii Shabboo, Jalqaba bara 1962, Hawwisoo Urjii Baakkalchaa tan hawwisoota Oromoo hundaaf angafa tahuuf jiraattu, magaala Dirree Dhawaa keessatti abuuran. Abuubakar, guyyaa hawwisoo dhaabuuf murteessan irraa halkan-guyyaa irratti hojjachuu jalqabe. Kaa’imman fedhii fii dandeettii wallisuu fii sirbuu qaban faana dhawee miseensoomsuun; warra wallisaniif walaloolee fii yadaloota qopheessuun;

kanneen sirbaniif sossooha adda addaa baasuun; walleelee agarsiisni ittiin jalqabuu fii xumuramu, kanneen wallisoonni mata mataan wallisanii fii akka faaruutti tuutaan dhiheeysan, haala, yaroo fii fedhii ummataa tiin wal taasisee qopheessuun, yaroo gabaabduu keessatti, tuuta Urjii Bakkalchaa bifa hawwisoo qabachiise. Sana malees, ayyaana lidaa tii fii sirna adda addaa-rraatti agarsiisa dhihaatan barreessuun, walaloo dhimma san calaqqisan baasee akka itti wallifaman godhuun, Hawwisoon Urjii Bakkalchaa yaroo gabaabduu keessatti akka beekkamtuu fii jaalatamtu godhe.

Walalooleen Abubaker Mussaa jireenya isaa gabaabduu keessatti barreesse heddu. Kanneen itti wallifamanii, hawaasa keessatti jijjiirama guddaa fidaniis akkasuma. Warra dheerinni yaroo miidhaga isaanii hin moofeysine keessaa, akka wal-duraa duuba tarrifama qubee tiin;

- Abbaa keetii jeeynaa an silaa siin saamaa

  Loosha irgoo caamaa as koottu siin yaama

- An hamileen tiyya sumaa

  Sa ati  hoo tee eenyumaa

- An si jaallee yaa lubbuu too

  Cinqamee bar an kophaa koo

- Ashiita shumuraa loosha bishaan biraa

  Azeeba timiraa Jannanni si bira

- Bareeddu bareedduu way yaa bareechituu

  Si birattiin ka'ee koo yaa qaceelchituu

- Bariitu ganamuu waaritu galgaluu

  Na duraa mul'attaa yaada oolee hin-bulu

- Birraan naaf barihee ililliin urgooytee

  Dilii maaliin qabaa Rabbii kiyya Gooytee

- Deemi quufi daawwii yaa ija bololtuu

  Bayxee yaata malee waan namaa hin arkattu

- Dhagay tiyya dhagay gurraani

  Jaalati dilli kuni waluu barraani

- Guyyaan guyyaa dha inninuu, ni agarra mee waliinuu

  Kee bareenni qaaliinuu, na boochise kee amallinuu

- Ija lameen kuulaa yaa ilillii birraa

  Ilillii maawardii ashiitee koo firraa

- Jaalalti jaalalaa mi'ooytuu qacalee

  Yo akka jaala garii, numa hin-beeyne malee

- Jaaluma jaalumaa, jaalatan maalumaa?

  Jaalatan dubrumaa, yo dhaban sabruma

- Koottu yaa biiftuu tiyya if duraan si qaba

  Dawwitii tiyya sumaa daawwii qaba

- Koottu yaa ilillii an siifiin wallisaa

  Utaaltee yo hin-dhufne firraa hiin callisa

- Kophaa koo na dhiiftee ati deemuuf kaanaan

  Dubbachuun dadhabde ati naan dubbannaan

- Na jaalatte gama keetiin yo hawwan kee tahe malee

  Kan ati feetu hin fedhan dureeysa akka isaanii malee

- Na laali siin laalaa yaa shankoora aalaa

  Jaalati tun falaa een eenyurra laala

- Natti hin jabaatin gaa yaa jaalallee ollaa

  Sii urjii anaa ji'aa, silaa waliin tollaa

- Obsi mee itti dhiisii

  Guyyaa fidaa bar isii si

- Onnee too madooytuu naaf hin sossobamtuu

  Gooytaa kee yaadadhu hireen katabamtuu

- Rabbi moo namumaa kan seera jallisee

  Haati teenya takkaa maaltu addaan nu baase

- Roobe moo Ganna waluu odeeyfannaa

  Osoo wal barannee waluu jabeeyfanna

- Si jaalle jaalala deeymaa

  Jaalalti tee deeyma deeymaa

  Deeyma dawaa koommee arma

- Siin barbaada hogguu gad hin teenye takkaa

  Ballama naaf qabi eessattiin si argaa?

- Sirbaa sirbaa armaan loohii

  Sirbii sirbii koo gama kiyya

  Loohee sirbee, sirbee loohee

An gama kee fiiguu kiyya

- Takkaa na hin yaadannee hamma jiruu tee tii

Yaa boontuu naa nahii ani hiriyaa kee ti

- Wajji nyaannee dhuuynee hamtuu walii hin feenu

If keessa deebi'ii mee itti laali beenuu

- Wal arku waa hin oolluu haaya nagayattii

Hoggaa addaan yaanu lubbuun na rakkattii

- Yaada keetiin shororkaawee

Hangam takkaan daadarkaawee

- Yaa garaa jaalalaa si nayaadachiisa

Hirriiba dhiisii eessaa hiin gacciisa

- Yaa hiree hiriyaa joollumma-rraa eegalii

Waan wajji dabarsine yaadadhuu gargalii

- Yaa ibsiituu akka aduu

An si malee hin taraadu

Sihi taniin barbaadu

- Yaa ifaa uumamaa akka aduu iftaa

Yaanni kiyya sumaa yaada kee naaf himtaa?

- Yaa ji'a kurna shaneessaa

Yaa hangudaaya badheeysaa

Bareenni kee fuula keessaa

Gammachuu eessaan si geeysa

- Yaa moosinaa yaa moosinaa

  Nuti akkaan si feenaa

- Zannuubee Zannuubee Zabbuubaa

  Bishaan dhandhama kee aylii na fayyisaa

  Si malee eenyumaa qalbii na wayyeessaa

Walleeleen walaloo armaa olii tiin wallifaman, sammuu dubraa fii dardara Oromoo keessatti sab-boonummaa cimaa uuman. Walleelee alagaa bowwaasuurraa ittisuun jaalala walii horsiisan. San bira kutee, qabsoo bilisummaa tiif akka if qaadhiman kakaasuu irratti qooda guddaa gumaachan.

Obbo Abuubakar, seenaa haala hawaasa Oromoo keessa turee fii jijjiirama arkamu mara walaloon yaro yaroon galmeeysaa ture. Haala hawaasa Oromoo keessatti bara 1962 dura ture walaloo,

Yaa ilmaan Afran Qalloo maalif tatteeysanii

Dardara alagaa of cinaa hin agartanii

Afaan isaanii tiin kunoo wal faarsanii.

Shamarran teenya tan karaa yaatulleen

Wanni wallisan bar tan jaraati walleen.

jattuun seenaaf galmeeyse.

Hawwisoo Afran Qalloo keessatti qoonni Abubakar walaloo barreessuu, qindeessuu fii beeysisuu qofa hin turre. Daawwii haala yaroo calaqqisaan barreessee, qindeeysee, namoota irraa qooda fudhatuus leenjisee, ifii fiis irraa hirmaachaa ture.

Dandeettiin biraa guddoon Abuubakar hawaasa keessatti dhageeytii fii jaalala ittiin hore seekkoo fii haasawa koflaa ti. Yaroo beeysisaaf dooyaa irratti ol bahu, sheekkoo fii haasawa koflaa gaggabaaboo aadaa fii jireenya ummata Oromoo hangaasan, kanneen daawwattoota hofalchiisaa, gammachiisaa, barnoota kennaniin galma booharsaa ture. Akkaataan haala saniin sirna agarsiisaa ittiin gaggeassaa ture haalaan dinqifame. Jachoota gaggabaabaa daawwatootaan gammachiisaa ture keessaa tokko haala itti if beeysisu. Kuniis, "Caalaa Caammaa" tiin beekkama. Yaroo waltajjii-rratti ol bahu, “Caalaa Caammaa, mucaan cimaan odoo hin mucucaanne ceehee, cuncuna coree, miiccee, cunfee, micciiree, coqorsa caffee caamaa afu dhufee, isin cufaa cal je'aa caqasaa” jachuun waca galama keessaa arihee qalbii dawwattootaa gama isaa hawada. Akkuma if beeysise kanatti, wallisoota hunda haala isaanii tii fii walleelee isaanii waliin dhadheessee dhiheessa.

Oduun (sheekkoon) koflaa kanneen daawwattoota ittiin booharsaa ture keessaa takka, tan "Haala Qilleensaa" ti. Isiiniis, “Qilleensi boruu, Mi'eesso-rraa karaa Ciroo, Ciro-rraa gara Baddeessaa, Baddeessaan gama Hirnaa, san booda karaa Dirree Dhawaa sossooha. Kasha booda, qilleensi bubbee kaasuun waan akka walaandoo fakkaataa dabree dabree buusa. Gama Asrii duumeeysi hin-jiru, haa tahu ammoo galaanni dhufuu hin oolu. Gara galgalaa adda namoota gari-garii-rratti dafkaa tu arkamuuf taa'a. Kan mirqaanaa tahullee hin beekkamu. Oowwi guyyaa, kan irraa olii koka koollaa tokko nama obaasa. Kan irraa gadii, buna Baddeessaa siinii takka

nama fesisa. Waarii booda yo haalli qilleensaa isinitti jiijiirame ana Dooktara keeysan Sagal Seeqaan marihadhaa. Tajaajilli koo tiis bilaashi.”

Haalli akkanaa kan biraa oduu Hara Xinniqqee ti. Isiiniis, “Obbo Xoroon, itti aanaan ministeera Xaasoo, xiixaan xiqqaan, obboleessi mister Firnxiixaa, kan uffanni qumxaa, faxarri qiixxaa, subaaxni baasxaa, wakkiilli oduu haxarfattuu hara Xinniqqee akka as xuruurfate-tti, dubbii xaxaa - xiixuu teenyaaf wiwixxifatee, haxarfatee, kophee-lee isaa babaxxee saniin, baxxaq baxxaq jechaa xarrifachaa osoo deemuu, mixaaxis maxaxaa xaan tokko xam godhee fixee, xiqqo dhaabbannaan garaan isaa akka nama xallaan xif tahetti xiillawuu, oduun Hara Xinniqqee tan qilleensa-rraan game keenya xiixxe ibsitee jirti,” tan jattu.

Abuubakar walaloolee koflaa tiis hedduu barreesse. Tan sagalee isaa tiin waraabamtee facaate keessaa takka tan "Yaa Mucayyoo Mana Keessa Jattu Law Law" tan jattu. Isiiniis;

Yaa mucayyoo mana keessa jattu law-law

Dilaaniin dhaaphee fooddaan siin ja'u haw-haw

Akka kiyyaan kanuma mana keeysan keessa ja'u calaw

Fitti na khaasee gara mana keessanii halaw

Hulaan cufaa taanaan godhe gaa qaw-qaw

Namich hamaan mooraa keessan keessa naannaw

Hattuu na seehee fiiginsa gara kiyya haw-haw

Qaallichi diinaa ellaan xiqqashollee namaaf hin naw

Dhufeetuma gurra keessa kabalaan na godhe zaw-zaw

Qaanqeen nadura facaatee natti dukkanaaw
Bitaa mirga gatantaree ani lafa dhaw
Funyaaniin lafa diree akka bashoo je'ee maaw-maaw
Waa xiqqo booda achumaan kutee an gaggaba kalaw
Hoggaa tana namichi kaniin waa tahe seehu
Dheefa dhukkee kaasee na biraa ceehu

Ceehinsa isaa agarraan mucayyoon manaa gadi bahu
Dhuftee miila isii tiin na gara-gaggalchinaan ani garaachaan bala'u
Ani yo kiyyaa na beeytellee waa hin seehu
Fuula keessa na laaluuf gadi goollawu
Na agarraan gurra lameen qabattee iyyeensa itti qabu

Iyyeensa dhageeynaan warri hundinuu manaa gadi orihu
Narratti wal gayanii na gubbaa gogoohu
Anaa kabala sanirraa hoomachi afaaniin bahu
Hoggaa arkan bishaan baaldii 15 natti toohu

Mucayyoon dhuftee na ol qabnaan ani wayyaawu
Suuta bayfadhee mumunyuuqachaa sosossoohu

Tana agarraan nu lameen walitti dhiisanii warri nu biraa yaa'u

Isiiniis harka isii lallaafaa saniin biyyee fii horofa narraa haxaawu

Harka isii tiin na tuqannaan ani daranuu bayfadhee wayyaawu

Maal taate gaa jattee jalqabde naan haasawu

Aniis niin himeef waan namudate hundaawu

Jachi isii deeymarra natti mi'aawu

Hoggaa tana ani gammachuun machaawu

Miidhaga isii tiin dhamaayyawee bareedasirraa fajaajawu

Aniis niin himeef waan namudate hundaawuu

Yaa tan jaalalti isii onnee toorraa jatte dhaw dhaw

Tan dharraa isiirraa ayliin too taate shaw shaw

Sani naaf beekuu dhabde gaa ati yow yow

Yo naaf beekuu dhabde ammoo, kaniin dhagaan guntuta kee sidhaw

Namichi hamaan fedhu naaf sii addaan dhoowwu

Eenyuma inni san ilmi haadha rawu

Inni silaa fedhu akkaan si dhabee hoongawu

Ani kabalamullee akkuma niyyaa tiyyaatti milkaawu

Jaalaluma teetii akkana namudee mee atuu daawwuu

Dhiisi gaa nurraa atiis yaa addee too sinsinnaawuu

Yaa tan onnee tiyya keessa facaatee akka meeshaatti gootu qalalaw

Buchuma jaalalaa natti as kenni, haa godhu galalaw

Garaan kiyyaas jaalalaan haa xiillawu

Qaamni kiyyaas gammachuun haa riiqawu

Irbuun siif seena akkaan sirraa garangalle hamma rifeensi koo arraawu

Yoon sigane kaballi namticha mooraa keessanii san gurra keessa na haa akaawu.

Walaloon Dooktor Gaarrinfataa hindhumtu haasawu

Ammaantana asumatti isinirraa haa ciqqaawu.

Abuubakar yaroo haala kanaa fii kan kana fakkaatan jechootaan miidhagsee ibsu, Oromoota yaroo sanii kanneen afaan isaanii tiin adda fagaataniif raajii ture. Dandeeytii isaa dinqifachuun, "Jinnii tu afaan isa barsiise" ja'anii warri haasawan heddu turan.

Abubakar nama gaafa afaan Oromoo, “afaan Qottuu” ti ja’amaa ture san, afaan kuni miidhagaa fii sooreessa taachaa karaa hedduun agarsiise. Abubakar guddina afaan Oromoo tiif wanni laate lakkaawamee hin dhumu. Walaaloo, sheekkoo fii haasawa koflaa bira dabree, asoosama gaggabaaboo, barnoota adda addaa laatan, kanneen haala jireenya hawaasa Oromoo calaqisanii fii dagaagina afaan Oromoo beeysisan hedduu barreeyse. Akkaataan Abuubakar asoosamoota isaa keessatti haalaa fii yaada itti ibsu kan dhaggeeyfatu qaamaa fii qalbii fuudhu.

Barreeffama “Lubbuu Abbaa Dhabde” ja’amu kan odoo hiree maxxansuu hin arkatin biraa deeme-rraa, kutaa lamadaa keessaa: - “Jiini Hagayyaa dabree

ganni seene. Barri dullachi hafuura isaa kan dhumaa duumeeysa daalacha keessatti baafachaa halkan bara haarayaa argamsiisuuf dhufe. Dukkanti raaree fii laggeen walgeeyse. Karfaffuun heddominaan harca'uu jalqabde. Hangaasuun waluma-faana gaarran gubbaarraa gara raaree walaqqisaa, jiirkaa lafatti awwaalaa, goohaa galaanaa kan waahalleen deemu fidde. Gaarranii fii layni dukkana keessa xalayaa gurraattii duuti irratti katabamte fakkaatan. Ganda ededa qonyee legarra faca'e san hurreen adda babaafte. Ifaa lambaa xiqqashaa goojjoolee jajalloo keessaa billiq billiq ja'u melee, lubbuun namayyuu qeensa jalatti galte.

Beeyladaan okoya gole isaanii bira jirutti dhihaatan. Saroonni goda isaanii lixanii dhokotan. Qilleensa karfaffuu kan gaarranii fii laggeen iyyisiieee sagale nama baaraysitu fidu melee, waatakkalleen alatti hin-hafne. Akka waan uumaan haala bara dabreef jacha isaanirraa dallantee, qabbanti hamtuunii fii karfaffuun jabduun qottootarraa haluu bahutti jirti.

Halkan dukkana qilleensa hamaa kana keessa, gurbaan daddaan isaa bara diiydamii lama keessa jiru tokko, galaanaa fii horofa kana keessa, kan qabbanti qadaddaa qaama isaa qaata goggoysite, kan beelaa fii sodaan humnasaa fudhatan, kan timni galaanaa huccuu isaa gurraattii dhoose odoo hin ajjeesin kafana godhuuf kajeele, ganda Xirroo irraa gara ganda Damiin Muummee tattaafate.

Gurbaan kun, kan hogguu if dura deemuuf miila laatu, akka waan namoota lubbuu qaban keessaa isa arkuu jibbetti, qilleensi karfaffuu wajjiin lafaan dhawu, kan abdiin laaftuun, hoongawni hamaanii fii araraafamni jabaan isa keessatti wal lolaa jiran, akka allaattii goblaan isii caphee laga keessa buutee galaanni isii fuudhee hallayyatti darbeetti hollachaa, akka waan duuti isa reebaa jirtutti tirachaa, deema. Hoggaa humniti isaa dhumte, tattaafachuu dadhabee, dhiiyni isa keessatti ititee tima horofa keessatti if

darbee jireenya isaarraa waan qaama isaa keesaatti hafeen, iyyeense guddaa sagalee sodaa tan akka nama hobonboleettiin hallayyaa biliileetti darbuuf fudhattee fuula du'aa agarsiiftetti, sagalee jireenya namummaa isaa, tan qilleensi waa dhabaa keessa jirtu iyye...”

Barreeffama “Gammachuu Didaa”  kutaa jalqabaa keessaa - “Aruustichi jaarsi, kan daaddaa abbaa aruustittii, intala imimmaan haqattu, tan akka nama ajjeesuuf deemaniinii qaamni hadoodee irratti du'e fudhatee bahe. Dubraafii dardarri helleefii dhiichisaan dabaalaa mana aruustichaa gayanii gooftaafii giiftii siree dheertuu agoobaraarra baasan. Namoonni afeeramaniis waamicha kabajanii dhufanii kursiilee qophooyteef irra tattaa'an. Dalayduun burcuqqoo waliindhawaa gammachuun ormarra deemaa dhugaatii qicuu jalqaban. Wallisoonni yaamaman muuziqaa qoqooyxuu fii sirba isaanii babbareedaan daranuu lubbuu namaa macheeysanii waan qoma keessa qaban dhoosutti seenan.

Achi qarqara, intala bareedduu takkaa taa'a. Isii cinaa gurbaa isiin dubbachuuf jacha babbareedaa if keessa barbaaduu tu argama. Gurbaa kana maddii, jaarsa dhugaatii wal faana dhudhu'ee akka dabalaniif burcuqqoo waliin dhawuutu jira. Gara mirgaa tiin jaartii nyaara isiitiin jaarsa isiitiin loltuu tu argama. Isii tanaa achiis, dullattii ilma isii tokkichaaf tan taatu dubra achi jiran keessa barbaadduu tu taa'a. Cufti isaanii garba dhugatii fii taphaa keessa limanii wahalle irraanfatan.

Lakkuma halkan walkkaawuun, gammachuun ormaa goohatti jijjiramte. Surriin isaanii machooytee arrabni isaanii dubbachuullee dadhabe. Aruustichi, jaarsi, kan machaawe kuni, bakka isaa tii ka'ee orma keessa jijjigaa akka nyaatanii dhuganiif nama kadhachutti seene. Kun hundi hogguu tahu, aruustittiin bareedduun ijji isii lameen nama rifachiiftuun odoo olii gad mimil'attuu, gooha dila kanaa keessaa, gurbaa dardaraa, kan

akka waan lubbuun isaa qaaman adda baateetti kophaa isaa cinqamaa taa'u agarti. …"

Haala armaa olitti ibsameen, bara diinni afaan Oromoo tiin dubbachuu salphina namatti fakkeeysaa ture san keessatti, Abubaker, afaan kanaan dubbachuun, wallisuun, booharsuu fii asoosamuun akka dandayamu hujiin agarsiise. Hujiin isaa, kaa'imman Oromoo afaan isaanii tiin akka boonan godhe. Akki san qoma kaa'immanii keessatti sab-boonummaa habaqaaluun, fedhii diinaa tan Oromummaa dhabamsiisuu naaffise.

Walumaagalatti, hamma hawwisoon Afran Qalloo hacuuccaa diinaa tiin adda hin faca'intti, Abubaker walaloo, sheekkoo koflaa, daawwii fii wkf baayyee barreessee hujiirra oolche. Gochaa seena qabeessa kanaan, akkuma Hawwisoon Urjii Bakkalchaa walleelee Oromoo tan ammayyaa tiif haadhoo taatetti, Abuubakariis, og-barruu afaan Oromoo tan ammayyaa tiif abbaa dha.

Adooleessa 23, bara 1973, gaafa Hayle Sillaaseen, olola Maqdishoo keessaa itti ol xiixxu-rraa gurra hawaasaa maysuuf, Magaalaa Adaree keessatti, raadiyoona-rraa qophii afaan Oromoo jalqabsiisee, Abuubakar hojjattoota keessaa tokko tahun mindaawe. Carraa argate tanatti dhimma bahuu niis fedhii isaa tan afaanii fii aadaa Oromoo guddisuu if-qusannaa malee itti fufe. Sagantaa-leen isaa kanneen kofla keessaan barnoota laatan yaroo gabaabduu keessatti beekkaman. Keeesattuu qophii torbaanii, tan "Takka Wajjiin Kofalluu?" jattuun sheekkoo, hibboo, mammaksaa fii waan gara-garaa miidhagsee dhiheessuun, onnee dhageeyfattootaa fudhate.

Abuubaker Muussaa Wadaay, galgala Adooleessa 12, bara 1977, qophii isaa tan raadiyoo irratti

"Tan kutte gundoo

Tan haftee  guddoo

Himanii hin-fixanii

Birumaa lixanii"

jechuun yaroo sagantaa isaa xumuru waan isa mudachuuf taa'u kan raage fakkaata. Galgaluma san isaa gala tiratu, nannawuma waajjira raadiyoonaatti, rasaasa diinaa tiin rukutamee wareegame.

Hayyichi afaanii fii aadaa Oromoo, Abuubakar Muussaa, odoo dandeeytii dila qabuun hojjatee hin quufin, umrii soddomii shanitti qaxara caphee, hawwii fii abdii isaa tiin adda bahe. Duuti isaa ummata Oromiyaa irraa hiis hayyuu beekkomsa afaanii fii aadaa tiin hiriyaa hin-qabne galaafatte.

Abuubakar afaanii fii aadaa Oromoo guddisuuf tattaafanni godhee fii qoonni gumaache, seenaa qabsoo guddina aadaa fii afaan Oromoo keessatti gulantaa ol-aanaa qaba. Inni biraa wareegamullee hujiin isaa hin duutu. Walleelee walaloota isaa tiin wallifaman keessaan abadiif jiraatti.

********

HUB:  Seenaan tuni, jalqaba, qophii yaadannoo Abuubakar Muussaa tiif Ebla 31, bara 1997 biyya Kanadaa magaalaa Torontootti qophooyterratti, lamada, Ayyaana Yaadannoo Sossooha Afran Qalloo Kan Bara Shantamaa tiif

Waxabajjii 30, bara 2012 magaaluma Torontootti godhamerratti dhihaatte.

Abbaa Urjii tiin barrooyte.

Nutiis Yaadannoo Guyyaa wareegama Hayyuu kheenya Abubakar Muussaa sababeeyfachuun irra deebinee isiniif maxxansine.  Rabbiin isaafi wareegamtoota hunda jannataan haa qananiisu.

Seenaa khana waliif qooduun dhaloota seenaa beekhee seenaa hojjatu haa taanu.

*XUMURE!*

*SHAMIL NASIR MOHAMMED*,

Adooleysa 19, 2022. CARCAR.